

Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 2ffaa

Boqonnaa 13

✓ Sagalee Jechootaa Gabaabaa fi Dheeraa

Kaayyoo Barannichaa

Barannoo Kana Booda :-

- ❖ **Garaagarummaa sagalee jechootaa ni ibsitu.**
- ❖ **Dheerinnii fi gabaabinni sagalee maalirratti akka hundaa’u ni himtu.**

Shaakala

A.Sagaleen jechaa maali?

B.Sagaleewwan jechaa beektan walitti himaa

Sagaleen Jechaa Maali?

- ❖ Sagaleen jechaa qindoomina qubee dubbifamaa fi dubbachiiftuuti.
- ❖ Kunis qubee dubbifamaa tokkoo fi dubbachiiftuu tokko irraa ta'uu danda'a.

Fakkeenyaaf; $B + O = BO$

B ____ qubee dubbifamaadha.

O ____ qubee dubbachiiftuudha.

BO ____ sagaleedha.

Fakkeenya; $N + A = NA$

N ____ qubee dubbifamaadha.

A ____ qubee dubbachiiftuudha.



- ❖ Walumaa galatti sagaleen BO fi sagaleen NA jedhu jecha BONA jedhu nuuf kennu jechuudha.

$BO + NA = BONA$ ____ $bo + na = bona$

... Itti fufa...

❖ Kana malees sagaleen qubee dubbifamaa tokkoo fi dubbachiiftuu lama irraa uumamuu danda'a.

Fakkeenyaaf 1ffaa; **B + OO = BOO**

B_____ qubee dubbifamaadha.

O _____ qubee dubbachiiftuudha.

O _____ qubee dubbachiiftuudha.

BOO_____ sagaleedha.

Fakkeenya 2ffaa; **N + AA =NAA**

N _____ qubee dubbifamaa

AA _____ qubee dubbachiiftuu

NAA _____ Sagaleedha

❖ Sagaleen BOO jedhuu fi sagaleen NAA jedhu jecha BOONAA jedhu uuma jechuudha

Gabaabinaa fi Dheerina Sagalee jechaa

❖ Sagalee Gabaabaa

- Gabaabinni sagalee jechaa qubee dubbachiiftuu irratti hundaa'a.
- Yeroo hundaa qubee dubbifamaa tokko cina dubbachiiftuu tokko qofaatu jira.

Fakkeenyaaf;

Bona

Muka

Bara

Luka

Mana

Kufe

Ganama

Roga

Gamana

Qara

Lafa

Goge

Nama

Kute

..... Itti fufa.....

❖ Sagalee Dheeraa

- Dheerinni sagalee qubee dubbachiiftuu irratti hundaa’a.
- Yeroo hundaa qubee dubbifamaa tokko cina qubee dubbachiiftuu lamatu seenuun sagalee sana dheeressa.

Fakkeenyaaf;

Boonaa

Mooraa

Laafaa

Moof aa

Dheeraa

Daaraa

Raafuu

Baala

Raatuu

Dhaabaa

Baaduu

Faaruu

Haaduu

Oduu

GOCHA

1.Dheerinaaf fi gabaabinni sagalee maal irratti hundaa’a?

A.Qubee dubbifamaa B.Qubee dubbachiiftuu

2.Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sagalee gabaabaa qaba?

A.Mooraa B.Laafaa C. Lafa

Cuunfaa Barannoo

- ❖ Sagaleen qindoomina qubeewwaniiti.**
- ❖ Gabaabinni sagalee qubee dubbachiiftuu irratti hundaa'a.**
- ❖ Dheerinni sagaleewwaniis qubee dubbachiiftuu irratti hundaa'a.**
- ❖ Qubeen dubbachiiftuu qofaa isaa sagalee ta'uu ni danda'a.**
- ❖ Walumaa galatti dheerinnii fi gabaabinni jechootaa qubeewwan dubbachiiftuu Afaan Oromoo irratti hundaa'a.**

Hojii Manaa

❖ Gaaffiwwan armaan gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisaa.

1.Sagaleen walitti qindoomina _____ fi _____ti.

A.Qubee dubbifamaafi dubbifamaa

B. Qubee dubbifamaafi dubbachiiftu

2.Boonaa jechi jedhu sagalee _____ qaba.

A.Dheeraa B.Gabaabaa

3.Qubee keessaa hanqate guutuun jecha guutuu ta'e barreessaa.

A.Laf__

B.Na__a

C.B__naa

XUMURAMEERA

❖ Vaayiresii koroonaa irraa of eegaa!!

❖ Lubbuu keessan mararfadhaa!!

Qopheessaan; Yaadasaa Ittafaa

Adoolessa 2012

Finfinnee, Oromiyaa

Deebii Gaaffii Hojii Manaa

1.B

Fakkeenya; $B + U = BU$

$N + A = NA$

$BU + NA = BUNA$

2. A

Fakkeenya; Dubbachii ftuu lamatu dubbifamaatti aanee barreeffame.

$B + OO$ fi $N + AA = BOONAA$

3. A. _____ *a*

B. _____ *m*

C. _____ *OO*